# Pirojektii AEGIS:

**Ijoollee fi Dargaggoota Baqattoota Kanneen Kooluunaltummaa Gaafataniif Haqa Mirkaneessuu**

Cuunfaa gabaasa pirojektii AEGIS kan dargaggootaaf mijatu

Caamsaa 2026

**Nuti eenyu, akkasumas maal hojjenna:**
Nuti garee AEGIS ti! Garee qorattootaa kanneen gama hawaasummaa fi fayyaatiin muuxannoo qabaniidha. Nuyi pirojektii hubannoo fi fooyya'iinsa fayyaa miira ijoollee fi dargaggoota muuxannoo sirna baqattummaa qaban irratti xiyyeeffate, kanneen maatii malee jiran dabalatee, irratti hojjechaa jirra.

**Maalif kana hojjenne?**
Pirojektiin AEGIS hubannaa waa'ee fayyaa, fayyaa miiraa fi kunuunsa ijoollee, akkasumas dargaggoota baqattummaa barbaadanii fi baqattoota UK keessa jiraniif.

Barachuu (addaan baafachuu) barbaannee:

- Wanti dargaggoonni yaadan miira gaarii qabaachuuf barbaachisaadha
- Kunuunsi gaarin maal fakkaata
- Dargaggoonni akkamitti qorannoo keessatti himaachuu akka barbaadan
- Akkasumas maatu jijjiiramuu qaba

**Dargaggoonni hojii keenya keessatti maalif bu'uura akka ta'an:**
Yaadni keessan baay'ee barbaachisaadha. Ji'oota darban keessatti, - dhimmoota kanneen caalaatti hubachuuf dargaggoota - fi warra isaan kunuunsan hedduu waliin marii'anneerra. Akkasumas akkamitti qorannoo irratti hirmaachuu akka barbaadan hubachuuf cimnee hojjechaa turre.

**Waan nuti baranne:**
**1) Jireenyi hin dhaabbatu**



Dargaggoonni baqattummaa barbaadan baay'een isaanii imala dheeraa, rakkisaa fi yeroo tokko tokko immoo isaan jeequrra gahe booda UK gahu. Gariin kophaa isaanii achi gahu.

Haa ta'u malee, gahuun isaanii wanti hundi tasa salphaa ta'a jechuu miti. Dargaggoonni ammallee rakkoolee armaan gadii dabarsu:

- Rakkoo mana jireenyaa
- Yaaddoo maallaqaa
- Qofummaa fi mana isaanii yaaduu
- Wabii dhabummaa seeraa
- Danqaalee afaanii
- Sirna haaraa hubachuu

Deeggarsa walirraa hin cinne argachuun rakkisaa ta'uu mala. Oodeeffannoon (ragaan) isaanii yeroo hundaa isaanii wajjin hin socho'u, sirni jirus yeroo hundaa isaan wajjin wal simachuu hin danda'u. Kun immoo dargaggoota ragaa (daataa) keessatti salphaatti akka hin argamnee fi gidduutti tajaajiloota akka "dhaban" gochuu danda'a. Fakkeenyaaf, osoo gara mana yaalaa deemanii dhiiga ilaalchisaniin booda gara magaalaa biraatti yoo jijjiiraman, bu'aan qorannoo dhiigaa yeroo tokko tokko baduu mala, kun immoo akka isaan qorannicha irra deebi'anii hojjetan isan gochuu danda'a. Kun baay'ee nama mufachisa, akkasumas ta'uu kan hin qabnedha.

Akkasumas, deeggarsi dargaggootaf taasifamu battaluma isaan ganna 18 guutaniin tasa dhaabbachuu hin qabu. Gara ga'eessummaatti yemmuu ce'anitti, hanga of danda'anii dhaabbachuu danda'anitti deeggarsi taasifamuufii qaba.

**2) Ba'aa baay'ee al-tokkotti baachuu**




Erga gahanii, dargaggoonni baay'en dhimmoota baay'ee wal faana al-tokkotti gaggeessuf yaalu.

Yeroo tokko tokko dargaggoonni beellama irra hafuu malu. Kun immoo yeroo hunda deeggarsa hin barbaadan ykn hin fedhan jechuu akka hin taane barreerra. Kan jechuun dhimmoota baay'ee wajjiin wal'aansoo qabaa jiru, akkasumas ba'aa guddaa baachaa jiru.

Deeggarsi taasifamuufii qabu, haala qabatamaa dargaggoonni keessa jiranii fi dhimmoota isaan dursa kennuufii qaban irratti kan hundaa'e ta'uu qaba.

**<u>3) Fayyaa jechuun qorichaa ol</u>**



Fayyaan qorannoo dhiigaa ykn talaallii qofa akka hin taane dargaggoonni nuti himaniiru.

Miira gaarii fi fayyaa qabaachun dhimmoota armaan gadiitiin bocamuu danda'a:

- Nyaata mi'aawa fi kan baratame
- Iddoo jireenyaa kee keessatti nageenyi sitti dhahamuu
- Mana jireenyaa namatti tolu qabaachuu
- Afaan Ingiliizii barachuu
- Deeggarsa seeraa argachuu
- Hawaasa wajjiin walitti dhufeenya uumuu
- Sochii qaamaa gochuu fi dammaqaa ta'uu

Dhimmoonni kunneen walitti hidhamoodha. Jireenyi gama tokkoon yoo rakkisaa ta'e, kanneen biroo irratti dhiibbaa uumuu mala. Gama tokkoon gaarii taanan, warri kaanis daddafiin fooyya'uu jalqabu! Ogeeyyiin dargaggoota wajjin hojjechaa jiran kana hubachuu fi akka nama guutuu tokkootti isaan ilaaluu qabu.

**4) Kunuunsi gaarin nama hunda ilaallata**



Dargaggoonni, kunuunsa ykn gorsa ogeeyyii fayyaa, hojjettoota hawaasummaa fi ga'eessota biroo itti gaafatamummaa qaban irraa yommuu argatan, muuxannoo garaa garaa akka qaban nuti himaniiru.

Muuxannoon kunuunsaa gaariin kan uumamu yoo dhimmoonni armaan gadii jiraataniidha:

- Xiyyeeffannoon dhaggeeffachuu
- Kabajaa
- Walqunnamtii if ta'e
- Amanamummaa fi itti fufiinsa (kan waliirraa hin citne)
- Jijjiiramuu danda'uu fi nageenyummaa

Kunuunsi caalaatti bu'aa qabeessa kan ta'u yoo deeggarsi walitti hidhame, salphaatti kan argamuu fi iddoon dargaggoonni duruu jiran kanneen akka mana barnootaa, hawaasaa fi tajaajiloota amanamummaa qabu keessatti yoo ta'edha.

**5) Dargaggoonni haala bu'aa qabuun hirmaachuu barbaadu**

Dargaggoonni yaada isaanii qooduu fi dhaga'amuu ni jaallatu. Namoonni jijjiirama fiduuf hojjechaa jiran jiraachuu isaanii beekuun namatti tola. Haa ta'u malee, isaanis hojiin itti baay'ata akkasumas dhimmootni baay'eenis isaan mudatu. Yoo qorannoo irratti hirmaatu ta'e, faayidaan ta'e wayii kan isaan argatan jraachuu qaba.

Yeroo fi sochii (deemsa) isaaniitiif kaffaltii kaffaluun waan xiqqoodha. Waan hunda caalaammoo, dargaggoonni dandeettii fi muuxannoo hojii argachuu irratti fedhii guddaa qabu.

Akkasumas, dhimmoonni haala gadi of eeggannoo qabuun ibsamuu fi gaaffii gaafachuuf yeroo gahaa argachuu ni barbaadu. Waan hunda caalaa, odeeffannoo isaan qoodan san booda maaltu akka ta'e beekuu fedhu.

"Barruun maxxanfame jiraa? Nuuf ergaa Gabaasni dhiyaate jiraa? Arguu nan barbaada!"

**Maaltu jijjiiramuu qaba?**
**Nuti akkas gochuu qabna:**

- Dargaggoonni sirna jiru keessatti caalaatti akka mul'atan gochuu
- Haala waliigalaa fayyaa fi nageenya isaanii guutummaatti ilaaluu
- Kunuunsa salphaa fi ifa gochuu
- Hirmaannaa dargaggootaa itti fufsiisuu

**Galatoomaa!**
Dargaggoota muuxannoo, yaadaa fi yeroo isaanii Pirojeektii AEGIS wajjin qooddatan ni galateeffanna.

**Nu qunnamuu barbaadduu?**
Yoo gaaffii, yaada qabaattan ykn yoo hirmaachuu barbaaddan, isin irraa dhaga'uu ni feena.
Karaa kanaan nu qunnamuu dandeessu: uclh.aegisproject@nhs.net
Ykn fuula LinkedIn keenya ilaalaa: https://www.linkedin.com/company/projectaegis/